# yaa Abbaas yaa abbeeraa ergamaa Rabbii, duuniyaa fi Aakhiratti fayyummaa Rabbiin kadhu

Abbaas ibnu Aabdulmuxxalib irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irraa haa jaallatu- ni jedhe: yaa Ergamaa Rabbii waan tokko kan ani Rabbii ol ta'een kadhu na barsiisi. Ergamaanis ni jedhani: «Fayyummaa Rabbiin kadhu», guyyaa hanga ta'e tureen, eegasii ammas dhufee akkas jedheen: yaa Ergamaa Rabbii waan tokko kan ani Rabbiin kadhu na barsiisi. Ergamaanis naan jedhani: «yaa Abbaas yaa abbeeraa ergamaa Rabbii, duuniyaa fi Aakhiratti fayyummaa Rabbiin kadhu».

[kanbirootiin sahiiha] [tirmiziifii ahmad odeessan]

Abbeeraan nabiyyii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- Abbaas ibnu Abdulmuxxalib -Rabbi isa irraa haa jaallatu- nabiyyiin akka du'aa'ii inni ittiin Rabbiin kadhatu isa barsiisanu isaan irraa barbaade, nabiyyiinis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- fayyaa akka Rabbiin kadhatuu fi aakhiraa fi duuniyaatti balaa fi hirdhina irra akka najaa baasu akka kadhatu isa barsiisani, Abbaasis ni jedhe: booda guyyoota wohiitii ammas yeroo lammataaf itti deebi'ee du'aa'iin Rabbiin kadhu akka na barsiisaniif isaan gaafadhe, isaanis -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- haala jaalala isaaf agarsiisaniin akks jedhani: yaa Abbaas, yaa abbeeraa ergamaa Rabbii, fayyummaa Rabbiin kadhu, hamaa hunda deebisuu fi toltuu hunda fiduuf akkasuma duuniyaa fi Aakhiraatti faaydaa argachuuf isa kadhu.

https://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/2932

النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee